Oromiyaa Gaazeexaa

Lakk. 341

Odoo

Godinoota sadii keessatti lafa heek. Kuma 98 ol boneen misoomsuuf karoorfamee hojjetamaa jira

Bara kana godinoota Oromiyaa lixaa sadii keessatti lafa heek. 98,617 irratti qonnaan bultoota 335,214 hirmaachisuudhaan misooma bonee adeemsisuuf karoorfamee hojjetamaa akka jiru waajjiraaleen misooma qonnaafi baadyaa godinaalee Wallagga lixaa, Jimmaafi I/A/Booraa beeksisan.

Waajjira qonnaafi misooma baadyaa godina Wallagga lixaatti bakka bu'aa kan ta'an Ob. Guddinaa Gammachuu gaazeexaa Oromiyaaf akka beeksisanitti, qonnaan bultoota 184,711 hirmaachisuu dhaan lafa heek. 54,327 irraa oomisha kunt. 869,232 argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Sochii hanga ammaatti godhameenis qonnaan bultoonni 67,282 lafa heek. 36,747 qotanii heek. 8889 irra boqqoolloofi mosee facaasaniiru. Hojii walfakkaataa hojjetameen bar-dheengaddaa qonnaan bultoonni 154,104 lafa heek. 48,888 misoomsanii oomisha kunt. 782,208 argachuun akka danda'ame Ob. Guddinaan addeessaniiru.

Waajjira misooma baadyaafi qonnaa godina Jimmaatti itti gaafatamaa waajjira jallisii kan ta'an Ob. Yohaannis Guutaa akka ibsanitti, qonnaan bultoota 65,503 hirmaachisuudhaan lafa heek. 22,084.8 misoomsuudhaan oomisha kunt. 556,564.75 argachuuf karoorgamee hojjetamaa jira. Hojiin kunis kan itti fufe yoo ta'u, hanga ammaatti qonnaan bultoonni 42,536 lafa heek. 19,768.2 qotanii heek. 12,480.3 ammoo facaasaniiru. Oomishni asirraa argamus gabaafi nyaataaf akka oolu Ob. Yohaannis eeranii, bara 1998 qonnaan bultoonni 58,594 misooma bonee irratti hirmaatanii lafa heek. 21,656 irraa oomishni kunt. 530,227 argamuu isaa Ob. Yohaannis beeksisaniiru.

Waajjira misooma baadiyaafi qonnaa godina Iluu A/Booraatti ogeessa misooma lafa caffee kan ta'an Ob. Mokonnon Taayyee gama isaaniitiin akka ibsanitti, bara kana lafa heek. 22,205 irratti qonnaan bultoota 85,000 ol hirmaachisuudhaan oomisha kunt. 385,000 argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Oomishni irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jirus kudraalee addaddaa, boqqoolloo, urgeessituu shonkooraafi kkf akka ta'e Ob. Mokonnon dubbataniiru.

Raawwii bara kanaa hanaga Mudde 30/1999tti jiru kan bar-dheengaddaa yeroo walfakkaataa waliin yoo madaalamu %50 ol caalmaa akka qabu Ob. Mokonnon eeraniiru. Haaluma kanaan bara kana hanga Mudde 30tti oyiruu irraa ciruun heek. 946.75, qotuun heek. 6280.06, facaasuun 4,985 raawwatameera. Bar-dheengaddaa yeroo wal fakkaataatti oyiruu irraa ciruun heek. 4491.52, qotuun heek. 2571.99, facaasuun heek. 2195.195 akka raawwatamee ture hubachiisaniiru. Oomishni argamu kunis %50 gabaafi %50 ammoo nyaataaf akka oolu Ob. Mokonnon muuxannoo darbe irraa ka'uun addeessaniiru.

Projektoonni jallisii birrii mil. 12 oliin hojjetamaa akka jiran ibsame

Godinoota Harargee bahaafi lixaatti projektoonni jallisii birrii 12,147,467n hojjetamaa akka jiran waajjira misooma jallisii damee bahaatti itti gaafatamaan kutaa karooraafi sagantaa ibsan.

Itti gaafatamtichi Ob. Yaareed Mangashaa riipportara gaazeexaa Oromiyaa godinichaaf akka ibsanitti, projektiin aanaa Fadiis keessatti birr. mil. 5 oliin hojjetamu lafa heek. 1100 akka misoomsuu danda'uufi qonnaan bultoota abbaa warraa 2000f tajaajila kennuu akka danda'u adeessaniiru. Itti fufuunis, projektiin aanaa Guraawwaa keessatti hojjetamu birr. mil. 7.1 oliin akka ta'e Ob. Yaareed himanii lafa heek. 585 misoomsuu akka danda'uufi abbaa warraa 1978f tajaajila kennuu akka danda'u hubachiisaniiru.

Gama biraatiin projektoonni jallisii 5 qorannoon isaanii xumuramee ijaarsa eegaluuf karoorfamee akka jiru Ob. Yaareed eeranii, isaanis Harargee lixaa, aanaalee 3 keessatti akka ta'eefi wayita xumuraman lafa heek. 2916 misoomsuu akka danda'aniifi abbaa warraa 3156 fayyadamaa akka taasisan ibsaniiru.

Projektoonni ijaarsi isaanii gaggeeffamaa jiru kan aanaa Fadiis %80, kan aanaa Guraawwaa aammoo %24 akka xumuraman Ob. Yaareed addeessaniiru.

Karaa wal fakkaataa ta'een godina Harargee lixaatti yuuniyeeniin Burqaa Gaaleeyitti bu'aa birrii kuma 200 ol argachuusaa dura taa'aan yuuniyeenichaa Ob. Abduraamaan Yusuufee ibsan.

Yuuniyeenichii buna kuntaala 800, odoongoree kuntaala kuma 32 dhaabbilee addaddaaf gurguuruudhaan bu'aa birrii kuma 200 argachuusaa Ob. Abduraamaan eeraniiru. Itti dabaluudhaanis, yuuniyeenichi dhaabbata daldalaa Jimaa biiftuurraa aksiiyoona birrii kuma 540 bituudhaan jimaa biyya alaatti eerguuf qophii xumurusaa addeessaniiru.

Qonnaan bulaan kanaan dura daldaltootaaf odongoree kuntaala tokko hanga birrii 150 gurguraa akka turefi wayita ammaa yuuniyeenichaaf birrii 300n gurguraa akka jiru dura taa'aan ibsaniiru. Itti fufuudhaanis, aanaalee addaddaa keessatti mankuusaa ijaaruuf karoorri qabamuusaa dubbataniiru.

Yuuniyeenichi xaa'oo kuntaala kuma 17fi sanyii filatamaa kuntaala 1,500 qonnaan bultootaaf raabsuusaa odeeffannoo yuuniyeenichaarraa argame ni addeessa.

Godina Baaleetti sochii investimentiitiin namoonni 3,057 carraa hojii argatan

Waggoota saglan darban godina Baaleetti projektoonni investimentii 95 birr. mil. 314.27n banamanii hojiitti seenan namoota 3,057f carraa hojii uumuu isaanii hogganaan waajjira investimentii godinichaa beeksisan.

Hogganaan waajjira investimentii godina Baalee Ob. Idriis Huseen gaaffii gaazeexaa Oromiyaa irraa dhihaateef deebii kennaniin, projektoonni kunneen lafa heek. 12,567 irratti kan adeemsifaman yoo ta’u, abbootiin qabeenyaa kunneen hojii adda addaa irratti akka bobba’anis Ob. Idriis beeksisaniiru.

Haaluma kanaan projektoonni kunneen kilinika olaanaa, manneen barumsaa sadarkaa adda addaa, Hoteela, warshaalee bunaa, warshaa daakuu, suppar maarkeettii, riil isteetii, misooma jallisii, loon gabbisuufi kkf akka ta’an ibsa kenname irraa beekuun danda’ameera. Projektoota kanneenii alattis yeroo dhihootti projektoonni eeyyamni kennamuuf akka jiranis Ob. Idriis eeraniiru.

Akka godina Baaleetti carraaleen investimentii hedduun kan jiran yoo ta’u, rakkoo daandii jiruun hamma barbaadamu akka hin hojjetamne Ob. Idriis addeessaniiru. Wayta ammaa daandii Aspaaltii hojjetamuuf jedhutti fayyadamuudhaan abbootiin qabeenyaa carraalee investimentii jiranitti fayyadamuu akka dana’an dubbataniiru. Carraaleen investimentii jiranis qonnaa, loon gabbisuu, gama tuurizimiifi kanneen biroos akka ta’an Ob. Idriis ibsanii, oomisha abaaboof illee qilleensi gaariin akka jiru dubbataniiru.

Leenjii bulchiinsa gaarii mirkaneessuun misooma gaariif haala mijeessu

Addi Warraaqsa Demokraatawaa Ummatoota Itoophiyaa /ADWUI/n baatii Fulbaanaa darbe keessa, yaa'ii isaa 6ffaa adeemsise irratti dhimmoota siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa gurguddoo ta'an heddu kaasuudhaan rakkoolee jiraniifi furmaata kaa'amuu malan hundeedhaa kan xiinxale ta'uu isaarrayyuu adeemsa egereetiif qixa adeemsaa kan kaa'e ta'uunsaa niyaadatama.

Dhimmoota gurguddoo yaa'ii 6ffaa irratti ka'anii bal'inaafi gadi fageenyaan irratti mari'atame kana keessaa inni tokkoofi inni murteessaan ammoo waa'ee bulchiinsa gaariiti. Bulchiinsa gaarii ilaalchisee yaa'ichi bal'inaafi gadi fageenyaan mari'achuu qofaa utuu hin taane, kana booda bulchiinsa gaarii qabatamaadhaan mirkaneessuudhaaf maaltu hojjetamuu akka qabu, wanti hojjetamu kun haala akkamiitiin hojjetamuu akka qabufi eenyu maal hojjechuu akka malu qixa hojimaataa qulqullina qabu kaa'eera.

Asirratti, sirriitti hubatamuu kan qabuufi yaa'ichaanis kan mirkanaa'e, bulchiinsi gaariin adeemsa misoomaa si'ataa ummanni irraa faayyadamaa ta'ufis mirkaneessuudhaaf dhimma ijoo ta'uu isaati. Bulchiinsa gaariin sirrii dhumati qabatamaadhaan mirkanoofnaan, iftoomni, itti gaafatamummaafi olaantummaan seeraa nidhugooma, yaada karooraarraa irraa eegalee hojii qabatamaa keessatti hirmaannaan ummataa iddoo murteessaa qabaata. Hirmaannaan ummataa karooraafi sochii misoomaa qabatamaa keessatti qooda fudhatee ga'ee isaa akka gumaachu taasifamnaan naannoo isaa misoomsuu dhaan guddina dinagdee wal-irraa hincinne mirkaneessuudhaaf carraafi kaka'umsa argata. Karaa biraas iftoomniifi itti-gaafatamummaan waan jiraatuuf loogiifi firoomaan seeraa ala qabeenya argachuun hafee hojii haqaafi dafqa ofiitiin duroomuun, haqaan guddatanii biyya guddisuun iddoo argata.

Dhugaa qabatamaa kanarraafi umama ummatummaa isaa irraa kan ka'e, Dh.D.U.O/ADWUI/n haala biyya keenyaatiin dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu kan ta'e misooma saffisaa ummanni bal'inaan irraa fayyadamaa ta'u mirkaneessuudhaaf bulchiinsi gaariin dhimma ijoo ta'uu isaa hubatee fiixa ba'iinsa isaatiif kutannoon hojjetaa jira.

Fiixa ba'insa bulchiinsa gaariitiif, karaa kanaanis misooma saffisaa ummanni keenya irraa fayyadamu mirkaneessuuf hojiilee hojjetamaa jiran keessaa inni tokkoofi inni jalqabaa ammoo leenjii hooggantoota sadarkaa adda addaatti argamaniiti. Akkuma beekamu leenjiin hooggantoota olaanoo kennamee kan xumurame yemmuu ta'u kan warreen giddu galeessaa ammoo kennamaa jira. Kanumaa wajjiin wal-qabatees leenjiin hooggantoota sadarkaa gadi-aanoo kan eegalame yemmuu ta'u, kana boodas itti-fufiinsaan kan kennamu ta'uusaa sagantaan leenjichaaf qophaa'e ni hubachiisa.

Hooggantoota sadarkaa gadi-aanoo jechuun sadarkaa gandaa irraa eegalee hanga hundee dhaabaafi mandheetti warreen jiran jechuudha. Kunneen kun egaa, iddoo aangoon siyaasaa murteessaaniifi ummanni bal'aan jirutti kan hojjetaniifi hooggansa kan kennan waan ta'eef leenjicha ka'umsa godhatanii jijjiirama guddaa barbaadame sana mirkaneessuu danda'u jedhamee amanama.

Qabxiileen leenjicharratti ka’anii irratti mari’atamummoo dandeetti hoogansaa ijaaruudhaan jijjiirama barbaadamu argamsiisuudhaaf akka ta’utti kan gurmaa’an ta’uunsaanii hubatameera. Isaan kunis, akkuma irranatti kaasuuf yaalame, bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf maal maaltu hojjetamuu akka qabu, misooma safisaa walirraa hin cinneefi ummanni bal’aan irraa fayyadamaa ta’u mirkaneessuuf maaltu hojjetamuu akka malu, ilaalcha maxxantummaa hundeedhaa dhabamsiisuudhaan olaantummaa ilaalcha misoomaan bakka buusuuf ofirraa eegaluu akka qabnu kan hubachiisuudha. Kana qofaa utuu hin taane, akkaataa barbaadameefi karoorfameen tarkaanfachuun kan dadhabame, ilaalchi maxxantummaa waan dagaagee jiruuf ta’uu isaa kan hubachiisu waan ta’eef xumura leenjichaa irratti qabxiilee leenjichaa ka’umsa godhachuudhaan seexaafi miira hojii ho’aa qabannee jijjiirama abdachiisaa fiduuf tattaafiin nimulata jedhamee abdatama. Kanaafuu leenjichaan dandeettii keenya cimsannee ba’uuf xiyyeeffannoo guddaa kennuu qabna jenna.

Iioo Dubbi

Dirqama waltajjiin qabsoo nurraa egu...

Ciminna dhaaba siyaasaa tokko kan agarsiisan keessaa inni tokkoo kaayoo qabatee ka'ee fiixaan baasuudhaaf ga'umsaafi qulqullinna ilaalchaa miseensi isaa qabuudha. Baayyinni miseensaa ga'ee mataa isaa yoo qabaateeyyuu inni murteessaan qulqulinaa ilaalchaafi aantummaa kaayyichaaf miseensi qabuudha. Dhaabbanni keenya Dh.D.U.On hundeeffamaa isaatii eegalee bu'aawwan hanga ammaa kanatti galmeessiseen ummanni Oromoo irraa fayyadamaa akka ta'u kan dandeesise aantummaa miseensonnisaa qabatama hojiitiin agarsiisaniidha. Mamiifi shakkii tokko malee wareegama qabsichii gaafateef of qopheessuu isaanitiin.

Dh.D.U.On yeoo kamirrayyuu caalaa woyta ammaa miseensota miliyoonaa olitti lakka'aman horataa jira. Qabsoon dhaaba kanaan gaggeeffamus gara sadarkaa olaanatti ce'ee argama. Sadarkaan qabsichi irratti argamu yeroo kamirrayyuu caalaa miseensii isaa qulqulinna ilaalchaa, aantummaan kaayoo isaatiif qabu ol'aanaa, walumaa gala qulqulinni keessa dhaabbichaa qabsicha ga'umsaan gaggeessuudhaaf waltajjiin amma irra jiru gaafatu irratti argamuudha.

Kaayoon dhaabbanni keenya qabatee ka'e hiyyummaa mata gad nu qabachisee kana jijjiiru akka danda'u qabatamaan agarsiisuu eegaleera. Demokraasii biyya keenyaaf seenaa jalqabaa ta'e qabatamaan dagaagsuu kan danda'u kaayoo Dh.D.U.O/ADWUI qabatan qofaa dha.

Dirqama waltajjiin qabsoo amma gaafatuuf deebii quubsaa laachuun kan danda'amu beekumsa waltajjichii gaafatu ga'umsaan hidhachuu qofaan. Miseensii dhaabaa sadarkaa hundatti argamu dirqama qabsichii irraa eegu ga'umsaan ba'uudhaaf jaalallii dhaaba isaaf qabu qofaan ga'aa hin ta'u. Ijaarsii sirna demokraasii eegalle, duulli hiyyummaarratti jalqabnee ga'umsaan hogganuudhaaf hubannoofi dandeettii isaa cimsachuu qaba. Halawwan keessaafi alaa sirritti hubatee hoggansaa qabsichaa injifannoon ga'u danda'u lachu qaba.

Dhaabbanni keenya yeroo ammaa qabatamaa kana hubachuudhaan gaggeessaa olii hanga gadii jiruuf leenjii laachuurratti argama. Kaayoon leenjii kanaas Dh.D.U.On naannoo keenya keessattis ta'e sadarkaa biyyatti dhaaba misooma, demokraasiifi nageenya dhugomsuuf qabsaa'u waan ta'eef humni kana adda durummaan hojiirra olchuudhaaf socho'u ifaan waa'ee kanaa hubachuu waan qabuuf qabatamaan kana dhugomsuudhaaf. Dhimmoota ummata hubachiise misoomarratti hirmaachisuu dandesisan irratti jalqaba miseensii sadarkaa hundatti argamu iftooma qabaachuu qaba. Leenjiin yeroo ammaa miseensota kumaatama dhibbaan lakkaa'amu hirmaachise kun kanaaf deebii quubsaa laata.

Hubannoon saarkaa hundaatti akka uumamu barbaadamu galmii isaa hidhannoo kana qabatee miseensii hundii dirree qabsoo hundarratti adda duree ta'ee bu'aa barbaadamu qabatamaan dhugomsuudha. Jecha birootiin duulli hiyyummaarratti eegallee injifannoon akka xumuramuuf aantumaadhaan ba'uudha. Keessumattuu gaggeessaan giddu galeessaaf sadarkaa gandaarratti argamu hubannoof hidhannoo leenjiicha keessatti argatuun gargaaramee ummata isaa hirmaachisee bu'aan yaadamu akka argamu taasisuu keessatti ga'ee olaanatu irraa eeggama. Kana booda wanta hojechuu qabnu ga'umsaafi karaa bu'aa fiduu danda'uun raawwachuun ala taa'uudhaan waggaafi ji'a lakkaa'u mitii oolanii buluunuu waadaa qabsichaa dagachuurra darbee kan biraa hin ta'u.Kanaafuu tokkoon tokkoo keenya dirqama qabsoo nurraa eggamu ciminnaan baanee ummataaf biyya keenya hiyyummaafi doofummaa keessaa gara badhaadhinnatti tarkaanfachisuuf of yaa qopheessinu.

Aaga Badhadhinaa

Teknoloojiin haaraan guddina calla saffisiisa

Teknolojiiwwan omisha callaa guddisan bakka lamatti qoodanii laaluun ni danda'ama. Tokko, omisheesitummaan lafaa akka dabalu kan taasisu. Lammaffaan, omisheesitummaan humna namaa akka dabalu kan godhuudha. Teknolojiiwwan omisheesitummaa lafaa akka dabalamu taasisan keessaa, jallisiin, kunuunsi biyyeefi bishaanii, akkasumas xaa'oon fakkeennummaadhaan eeramu. Teknolojiiwwan omisheesitummaan humna namaa akka dabalu taasisan keessaa, meeshaalee omishaa fooyya'aniifi maashinaroota akka fakkeennatti kaasuun ni danda'ama.

Jallisiin, kunuunsi biyyeefi bishaanii, akkasumas xaa'oon omisheesitummaa lafaa dabala yaada jedhu mee fakkeenna kaasuudhaan haa ilaallu.

Bakka jallisiidhaan fayyadamuun jirutti, lafa xinnoo irraallee omisha guddatu argama. Namni lafa hektaara tokko qabu waggaa keessa yeroo lama irratti omisha yoo ta'e nama lafa hektaara lamarratti waggaa keessa yeroo tokko roobaan gargaaramee omishuun walqixa. Yeroo sadii omisha yoo ta'e nama hektaara sadii qabuun walqixa jechuudha. Omisha yeroo tokkotiin callaa kuntaala 20 hektaararraa argata yoo ta'e, si'a lamatti kuntaala 40, si'a sadii yoo ta'e kuntaala 60 omisha jechuudha. Kana eegaa omisheesitummaa lafaa teknoloojii dabalu jechuun. Kunuunsi biyyoofi bishaanii, xaa'ummaa lafaa eega waan ta'eef, yeroo kamiyyuu irra deddeebi'uun lafa tokko irratti omshuun ni danda'ama. Barbaachisummaan xaa'otis kanuma jabeessa. Innis lafa gabbisa waan ta'eef.

Meeshaaleen qonnaa fooyya'aniifi maashinarootiin humna namaa bakka bu'anis, callaa guddisuu keessatti ga'een qaban guddaadha.

Fakkeennaaf, namni waggaa keessatti meeshaa boodatti hafaan hektaara lama qofa misoomsu, meeshaa fooyya'een hektaara 20 misoomsuu yoo danda'e, omisheesitummaan humna namaa dabalee jechuudha.

Imaammanni dinagdee biyya keennaa qonnaafi baadiyaa giddu galeessa godhate, akka haala qabatamaa qilleensa biyya keennaatiin teknolojiiwwan asii olitti eeraman lachanuu hojiirra akka oolan taasisaa jira. Misoomni jallisii babal'ataa jira. Kunuunsi biyyoofi bishaanii gaggeeffamaa jira. Xaa'otti fayyadamuun ballinaan hojii irra oolaa jira. Kana faanaa sanyiiwwan filatamoon gosa addaddaa giddu galeeyyii qorannootii ba'an qonnaan bulaaf dhiyaataa jiru. Haaluma wal fakkaataa ta'een meeshaaleen qonnaa fooyya'an waliinis qonnaan bulaan akka walbaru taasifama jira.

Hojiin ekisteenshinii qonnaa bifa kanaan ballinaan deemsifamaa waan jiruuf omishi biyya keennaa bara baraan guddataa dhufeera. Guddinni dinagdee biyya keennaa baroota sadii walitti aanee sababni galma'eef, omishi qonnaa waan guddateef. Bara kanas omishi qonnaa ni dabala jedhamee eeggama. Guddinni dinagdeellee haaluma saniin dabalama abdii jedhutu jira.

Jallisiin jiraachuun, biyyoofi bishaaniif kunuunsa gochuun callaa qonnaa akka guddisu qonnaan bultoonni keenyas ragaa bahaa jiru. Teknolojiiwwan callaa guddisan kanaan fayyadamanii kumaatamoonni jireenna isaanii jijjiiraniiru. Hiyyummaa seenaa taasisaniiru. Carraaqni isaanii kun qonnaan bultoota duubatti hafan miliyoonota kan sochoosu ta'ee argameera. Kanuma milkeessuuf ture, mootummaan sadarkaa biyyaalessatti gootota misoomaa kan badhaase. Worra badhaasa kanarratti argaman keessaa maxxansa kanaan qonnaan bultoota

godina Kamsee, naannoo Amaaraatii dhufanii magaalaa Baahir Daaritti badhaafaman sochii isaanii isin dubbisiifna.

Qonnaan bultoonni godina Kamsee hojiin hojjatan yaadawwan bu'uuraa seensa irratti kaafne waliin waan walqabatuuf maxxansa kanaan isaan dhiyeessu filanne. Lafti qaban xinnoodha; isinuu tan dhagaan itti baayyatu. Dhagaa caccabsanii biyyee taasisanii irratti omishuun jireenya isaanii jijjiiranii badhaasaaf ga'an.

Isaan keessaa tokko Ob. Mohaammad Ahimad Zaakii jedhamu. Aanaa Dawwaa caffaa irraa filataman. "Lafti qabu hektaara tokko. Isinuu dhakaadha. Gorsa ogeessa qonnaa irraa fudhadhee, dhakaa caccabsee biyyee taasise. Boolla bishaanii qote. Bishaan lolaa ta'ee yaa'e darbu walitti qabe. Isaan kuduraaleefi muduraalee addaddaa omishe. Baatii sadii keessatti Timaatima irraa qofa kuma shan galii argadha. Waggatti birrii kuma 35 gad hin taane argadha" jedhan.

Galii kanaan mana jireenyaa Zingoo 50n, sarviisii (kushiinaa) Zungoo 20n, ijaarrataniiru. Duraan qotiyyoo tokko nama hinqabne turan, amma qotiyyoo shan godhataniiru. Sa'otallee hanga shanii akka qabaniifi baabura dhaabuufis yaada akka qaban nutti himan.

Ad. Kadiijaa Mohaammad, haadha ijoollee lamaati. Godina Kamsee aanaa Baatee irraa dhufanii Badhaafaman. Abbaan manaa sammuu dhukkubsatanii biyyaa badan. Ad. Kadiijaan ijoollee qabatanii kophaa hafan. Erga heerumanii waggaa gara kudha lamaati. Abbaan manaa dhukubsatanii erga badanii waggaan 6 xumurameera.

Ad. Kadiijaan ijoollee qabatanii ija namaa keessa laaluu hin filanne. Akkuma dhiiraa hidhatanii qonnaaf ba'an. Tattaaffiin isaanii ogeessota qonnaatiin deeggarame. Biyyee kunuunsuun, bishaan cimmisuun kuduraaleefi muduraalee omishu jalqaban. Baargamollee ballinaan misoomsaniiru. Haala kanaan yeroo ammaa galii gaarii argachaa jiru. Fakkeennaaf bara kana omisha Maangoo irraa birrii kuma lama, jimaa irraa birrii kuma sadii, birtukana irraa birrii kuma lama, omisha baargamoo irraa birrii kuma sadii akka argatan ibsaniiru.

Galii kanaan mana qorqorroo kutaa sadii ijaarataniiru. Ijoollee isaanii haalaan barsiifachaa jiru.

Qonnaan bulaan kan biraa godina Kamsee irraa dhufanii badhaafaman, Huseen Ibraahim Mohaammad. Aanaa Hurxummaa Fursee irraa. "Akkaataa ogeessi qonnaa barumsa naa kenneen biyyeen akka hin dhiqamne kunuunsee, xaa'oo uumamaan gabbisee irratti omishu eegale; bara 1995 irraa kaasee. Kuduraalee kan akka shunkurtaa fa'a omisha. Fakkeennaaf, omisha shunkurtaa yeroo tokko irraa qofa hanga kuntaalaa 55 argadhe. Galii achirraa argameen magaalatti mankuusaa ijaaradha". Shunkurtaa achitti kuusuun gatii gaariin akka gurguratan nutti himan. Mana jireenyaa magaalatti zungoo 99, baadiyatti zungoo 62, ijaaraniiru. Midhaan nyaataallee waggaan kuntaala dhibba ol omishaniiru.

Dubbistoota keenna! jijjiiramni qonnaan bultoonni ibsan kun martii dhufuu kan danda'e jijjiiramni teknolojii waan dhufeef. Mala boodatti hafaa keessaa ba'uun mala fooyya'en omishuun waan eegalameef. Teknolojii omisha callaa guddisuun fayyadamuu waan eegalaniif. Teknolojiiwwan callaa guddisan kana qonnaan bulaa mara waliin yoo geenne, callaa kenna waliigalaan akka guddisa amanama. Kanaaf haa tumsinu.